



Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa,  
Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)

National Youth Movement for  
Freedom and Democracy (NYMFD)

## **ABO Dabalatee Paartileen Mormituu Shan Gamtaa Uummachuun Dhimma Murteessaa fi Adeemsa Qabsoo Bilisummaa Sabootaa Kan Saffisiisuu Dha.**

### **Ibsa Qeerroo Bilisummaa Oromoo Onkoloolessa 28,2015 Finfinnee**

Gamtaa fi wal hubannaa dhabuun jaarmiyaalee siyaasaa kanneen mirga hiree murteeffannaa fi kabajamuu mirgoota dimookiraasii fi namummaaf abbaa irree Wayyaanee EPRDF/TPLF irratti qabsoo gaggeessan dhabamuun mootummaa Wayyaaneef carraa kan bane fi umrii bittaa Wayyaanee kan dheeresse kessaa tokko kan ture yeroo kanatti furmaata argachuun umrii mootummaa Wayyaanee kan gababasuufi bilisummaa sabootaa fi sablamootaa kan mirkaneessuudha.

Sadarkaa jaarmiyaatti jaarmiyaaleen kanneen akka Addaa Bilisummaa Oromoo(ABO/OLF), Adda Bilisummaa Uummata Sidaamaa(SNLF), Addaa Bilisummaa Sochii Uummata Gambeellaa(GPLM),Addaa Bilisummaa Sochii Uummataa Beenishaangul (BPLM) fi Adda Bilisummaa uummata Sumaalee(ONLF) irra walitti dhufuun Walga'ii Oslo Norwayitti Onkoloolessaa 23/2015 ta'e irratti Gamtaa qabsoo bilisummaa uummachuun biyyatti keessatti dhiittaa mirga dimookirasii, mirga namummaa fi ukkaanfamuu mirga hiree ofii ofiin murteeffannaa Uummata Oromoo fi saboota kanneenii mootummaan Wayyaanee EPRDF/TPLF'n ukkanfamee jiru aangoo irraa qaarisuuf boqonnaa haaraa qabsoo bilisummaa keessatti uumamedha waan ta'eef nuti jaarmiyaan Qeerroon dargaggoota Oromoo gamtaa uumamee kana ni deeggarra, cina ni dhaabbanna, ni jabeessina walitti dhufeenyii fi gamtaan kun illee biyya keessatti uummata Oromoo fi saboota kanneen gidduutti akka jabaatee itti fufuuf irratti kan hojjennu ta'uu beeksifna!! SNLF, GPLM, BPLM fi ONLF walitti dhufeenya Jaarmiyalee hiree walfakkataa qabanii fi qabsoo bilisummaa saba isaaniif qabsoo gitaa gaggeessan gidduutti uumamee jiruu ilaalchisuun nuti Qeerroon Bilisummaa Oromoo uummata Oromoo fi saboota hiree fakkataa Oromoo qabanii fi jaarmiyaalee "Gamtaa" kana hundeessan keessatti qooda qaban hundaaf ibsa gabaaba qabxii shan qabu dabarsine.

1. Nuti Qeerroon Bilisummaa Oromoo tumsa gamtaa qabsoo bilisummaa furgaasuuf jaarmiyaaleen kun uumaan ni dinqisiifanna dhimma haala yeroo irratti hundaa'ee fi barbaachisummaan isaa qabsoo bilisummaa siffisiisuun mootummaa EPRDF/TPLFtti xumura kan godhu waan ta'eef Uummatni Oromoo fi sabootni Cunqurfamoon biyyatti

hiree fakkataa Oromoo qaban yeroon ijaaraman amma waan ta'eef ijaarsaa uummataa gama hundaan akka jabeesanii fi jabeesinu waamicha goona!!

2. Sochii Warraaqsa FDG (National Movement) Qeerroon Bilisummaa Oromoo biyya keessatti fi biyyoota garaagaraa keessatti qindeessinu akka sabootni cunqurfamoon biyyatti hiree fakkaataa Oromoo qaban keessatti qooda fudhatanitti waan qindeessinuuf jaarmiyaaleen akka (SNLF, GPLM, BPLM fi ONLF) uummataa fi dargaggoota keessan biyya keessaa fi bakka hundatti qindeesitanii fi sochii warraaqsa FDG irra qooda fudhachiftanii hiree keenya waliin murteeffannee mirga uummata keenyaa kabachiifnu waamicha keenya isiniif dabarsina!!
3. Jarmiyaaleen hundinuu(OLF, SNLF, GPLM, BPLM fi ONLF) bakka hundatti mootummaa Wayyaanee aangoo irra qarisuuf diddaa uummataa(POPULAR REVOLUTION) wal taanee akka qindeeffannuu waamicha keenya onnee irraa isiniif dabarsina!!
4. Jaarmiyaaleen qabsoo Bilisummaa gamtaa uummatan kun sochii abdachiisaa fi kan haamilee sabootaa eeguu hojjetan. jaarmiyaalee fi sabootni mirgi hiree murteeffannaa fakkaataa qabdan kan mirgi keessan mootummaa abbaa irreen duraa sarbamee jiru yeroon gara gamtaa kanatti akka makamtanii fi harka walqabachuun mirga keenyaaf qabsoofnu amma waan ta'eef bakka jirruu hundaa wal damaqsuun mootummaa wayyaanee irratti Finciluu fi FDG makamuuf of yeroon qopheesinu amma ta'uu gadi jabeessuun dhaamsa dabarsina.
5. Nuti Qeerroon bilisummaa Oromoo 'Gamtaan' kun jaarmiyaalee siyaasaa hiree walfakkaataa qabanii fi geopolitical fi geographical Location'' dhaan illee walitti hidhinsa kanneen qaban ta'uun qqabsoo bilisummaa Oromoo fi qabsoo bilisummaa saboota kanneeniif waan murteessaa fi Injifannoo guddaa kan fiduu danda'uudha. Adeemsi kun Seenaa Qabsoo bilisummaa Oromoo fi saboota hireefakkaataa qaban gidduutti ta'uun qabsoo bilisummaa Oromoo fi kan Saboota cunqurfamoo keessatti boqonnaa haarawaa kan bane ta'uu hubachuun, Uummatni Oromoo fi sabootni Cunqurfamoon akka Sidaamaa, Beenishaangul, Sumaalee, fi Gambeellaa бага gammaddaan!
6. Mootummaan Wayyaanee EPRDF/TPLF mirga sabaa fi sablamootaa afaan qawween ukkamsuun, maqaaf Ayyaana sabaaf sablamootaan kabachiisa jechuun dibbee sobaa reebaa kan ture, dibbeen wayyaanee walitti dhufeenya "Gamtaa" kanaan kanaan dhootee jirti, wayyaaneen mirga saboota kabachiisee deeggarsaa fi jaalala sabaa fi sablamoota qabaatee utuu hin ta'iin mirga sabootaa Afaan qawween ukkaamsee, sabaa fi saboota walitti buusee saba tokko keessa gantuu ofitti qabee hidhachiisuun saboota nagaa bara dheeraa waliin jiraacha turan dhiiga wal dhangalaasisa, yoona kan ga'ee waan ta'eef kanaan booda adeemsi wayyaanee kun itti fufuu hin qabu, saboonni fi sablammootni biyyattis wal hubachuun hariiroon ollummaa fi obbolummaa jabeeffachuun jabaatee itti fufa!!

jechuun Qeerroon Bilisummaa Oromoo ibsa gabaabaa yeroo dabarsinu qabsoo bilisummaa uummata Oromoo fi saboota kanneen hiree fakkataa qabn kan saffisiisuufi abdiif fi haamilee guutuu kan uummatatti bulchudha jechuun ibsa isa dabarse jira.

Injifannoon Uummata Oromoof!

Gadaan Gadaan Bilisummaati!

**Onkololeessa 28/2015**

